namni dhageessisee qur'aana qara'u akkuma nama sadaqaa mul'isee keennuuti, akkasumas namni sagalee gadi qabee qur'aana qara'u akkuma nama sadaqaa gadi qabee kennuuti

Uqbaa bin Aamir al-juhanii irraa akka odeeffametti -Rabbiin isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «namni dhageessisee qur'aana qara'u akkuma nama sadaqaa mul'isee keennuuti, akkasumas namni sagalee gadi qabee qur'aana qara'u akkuma nama sadaqaa gadi qabee kennuuti».

[sirrii] [abuu daawud, tirmizii, nasa'iin odeessan]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni dhageessisee qur'aana qara'u akkuma nama mul'isee sadaqaa kennuu akka ta'e, akkasumas namni gadi qabee qur'aana qara'u akkuma nama dhoksee sadaqaa kennuu akka ta'e ibsani.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/65055